# Tajaajila Daarektoreetii Mirkaneessa, Galmeessa Sanadootaa fi Kenna Hayyamaa

Daayirektoreetiin Mirkaneessa, Galmeessa Sanadootaa fi Kennaa Hayyamaa Daayirektoreetii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa jalatti gurmaa'uun aangoo fi hojii Biirichaaf Labsii 214/2011 keewwata 7((44) (45) (46) (47) (48)) jalatti kenname kan raawwatuudha. Kunis Ogeessota seeraa naannicha keessatti tajaajila abukaatummaa irratti bobba'uu barbaadaniifi ulaagaa guutanii akkasumas barreessitoota dhimma seeraatiif hayyama ni kenna; ni haaromsa; ni hordofa; ni to'ata; ni dhorka; ni haqa; qaamolee dhimmi ilaalu waliin sirni tajaajila deeggarsa bilisa seeraa abukaatotaan ittiin kennamu ni diriirsa, tajaajilichi akka kennamu ni taasisa; waldaaleefi dhaabbilee miti mootummaa bu'aaf hin hundeeffamne ni galmeessa; hayyama qaama seerummaa ni kenna; qaama dhimmi ilaalu waliin ni hordofa; ni to'ata; gabaasa raawwii hojii dhiyaatu irratti hundaa'uun hayyama ni haaromsa; ni dhorka; ni haqa; ni hordofa; ni to'ata; waldaaleefi dhaabbilee miti mootummaa Mootummaa Federaalaa irraa hayyama fudhatanii naannicha keessatti hojjatan ni to'ata; qaama dhimmi ilaaluuf ni gabaasa; hojiiwwan mirkaneessaafi galmeessa ragaalee qaamolee birootiif seeraan hin kennamne ni raawwata; ragaa ni kenna; dabalatas hayyama abukaatummaa kennuun naamusa isaanii hordofuu fi kenniinsa tajaajila bilisa seeraa abukaatotaan kennamuu qabu akka kennamu hojii taasisuu ni hojjeta.

# Hojiiwwan Gurguddaa Daayirektoreetii Mirkaneessa, Galmeessa Sanadootaa fi Kenna Hayyamaa

- Galmeessaa waliigaltee gurgurtaa ykn kennaa hojjachuu;
- Galmeessaa waliigaltee kiraa hojjachuu;
- Galmeessaa waliigaltee waliin hojjachuu;
- Galmeessaa walii galtee gahee gadi lakkisuu hojjachuu;
- Waliigaltee foyya'e ykn diigame mirkaneessuu
- Aangoo ragaa bakka bu'ummaa kennuu, Aangoo bakka bu'ummaa kaasuu ykn deebisuu
- Galmeessa waldaalee daldalaa, Mirkaneessa qaboo yaa'ii waldaa daldalaa raawwachuu,
- Sanadoota duraan kennaman mirkaneessuu (bakka sanadni duraan galmaa'ee ragaan isaa jirutti), Koppii sanadoota adda addaa mirkaneesuu (orijinaala waliin walbira qabuun mirkaneesuu),
- Sanadoota badan mirkaneessuu (iddoo sanadni duraan galmaa'ee jiru) Mirkaneessa seera qabeessummaa turjumaanaa,

- Kennaa Hayyamaa Waldalee Hawwasa sivilii ulaagaa guutanii akka naannotii hojataniif kennuu,
- Dhaabbilee Hawaasaa Siviilii Federaalaa irraa hayyama fudhatanii naannicha keessatti hojjatan to'achuu; qaama dhimmi ilaaluuf gabaasuu
- Hojiiwwan mirkaneessaa fi galmeessa sanadootaa qaamolee birootiif seeraan hin kennamne raawwachuu, ragaa kennuu faadha.
- Kennaa fi haaromsa hayyama abukaatoo raawwachuu,
- Galmee naamusa abukaatoo ilaaluun murtii kennuu,
- Kenniinsaa fi hordofffii tajaajila seeraa bilisaa hordofuu,
- Abukaatootaa fi barreessitoota dhimma seera hordofuu fi to'achuudha.

## Tajaajiloota Ijoo Daayirektoreetii Mirkaneessa, Galmeessa Sanadootaa fi Kennaa Hayyamaatiin Kennaman, Istaandaardii yeroo fi Ulaagaalee Tajaajilamtoota irraa Barbaadaman

| La k. | Gosa Tajaajila Ijoo Kennamu | Istaandaardii yeroo hojichi keessatti xumuramu | Ulaagaalee Tajaajilamtoota irraa Barbaadaman |
|---|---|---|---|
| 1 | **Aangoo Bakka Bu'ummaa kennuu** | **Daq. 15** | • Waraqaa eenyummaa bakka buufataa,<br>• bakka bu'ummicha irratti qabeenyi adda bahee kan caqafame yoo ta'e waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa/abbaa qabiyyummaa,<br>• bakka bu'ummichi qabeenya akka gurguru ykn akka dabarsu kan kennamu yoo ta'e ragaa gaa'elaa/gaa'ela hin qabuu bakka buusaa;<br>• bakka bu'ummaan kennamu qabeenya waldaalee irratti yoo ta'e barreeffamni hundeeffamaa fi dambii ittiin bulmaataa dhiyaachuu qaba.<br>• Bakka bu'ummaa abukaatoof kennamu irratti waliigaltee tajaajila abukaatummaa;<br>• bakka bu'ummichi maatiif kan kennamu yoo ta'e walitti dhufeenyi firoomaa jiraachuun kan ittiin ibsame ragaan sana agarsiisu dhiyaachuutu irra jiraata. |
| 2 | **Aangoo bakka bu'ummaa** | Daq. 15 | • Waraqaa eenyummaa bakka buufataa ykn nama bakka bu'ummicha akka haqu aangoon kennameefii, |

| | | | |
|---|---|---|---|
| | **haquu ykn deebisuu** | | • sanada aangoon bakka bu'uummaa duraan kenname muummeen (orjinaalli) ykn kooppii isaa dhiyaachuutu irra jiraata, |
| 3 | **Mirkaneessaa turjumaana** | Daq. 10 | • Sanada hiikkaan afaanii irraa raawwatame originaala isaa fi sanada turjumaaname ykn hiikame koppiin lama jecha kakuu qaama hiikkaa afaanii raawwateen walqabatee dhiyaachuu qaba. |
| 4 | **Mirkaneessaa chaappaa fi mallattoo** | Daq. 10 | • Sanada akka mirkanaa'u barbaadame originaalaa fi koppii isaa waliin dhihaachuu,<br>• sanadni dhihaate mallattoo, chaappaa mana hojii, titara maqaa abbaa aangoo fi gahee hojii isaa ibsu kan qabuu ta'uu qaba,<br>• Waraqaa eenyummaa nama sanadicha qabatee dhihaatees ni ilaalama. |
| 5 | **Mirkaneessuu Kooppii Sanadoota Duraan Kennamanii** | Daq. 15 | • Sanadni akka mirkanaa'u barbaadame kooppii waliin dhihaachuu,<br>• sanadni akka mirkanaa'u barbaadame Mana Hojii keenya irraa kan kenname ta'uu,<br>• namni sanadicha qabatee dhihaate mirga ykn aangoo kan qabu ta'uu fi<br>• waraqaa eenyummaa nama sanadicha qabatee dhihaatee walqabatanii dhiyaachuutu irra jiraata. |
| 6 | **Mirkaneessa Sanadoota Badanii** | Daq.15 | • Namni sanadni na jalaa bade jedhee iyyatu mirga ykn aangoo kan qabu ta'uu;<br>• Sanadni bade jedhame Mana Hojii keenya irraa kan kenname ta'uu fi<br>• waraqaan eenyummaa nama sanadni na jalaa bade jedhee iyyatee dhiyaachuutu irra jiraata. |
| 7 | **Mirkaneessaa Waliigaltee Gurgurtaa Ykn Kennaa** | Daq.40 | • Wailigaltee gurgurtaa ykn kennaa qabeenya hin sochoonee fi socho'uu mirkaneessifachuuf gurguraan ykn kennaan ykn bakka bu'aan seeraa isaanii qaamaan dhihaachuu;<br>• waliigaltee akkaataa seeraatiin qophaa'e;<br>• ragaa abbaa qabeenyummaa ibsu,<br>• tilmaama qabeenyichaa,<br>• dhorkaa adda addaa fi fi idaa irraa bilisa ta'uu ragaa agarsiisu;<br>• ragaa gaa'elaa ykn gaa'ila irraa bilisaa ta'u ibsuu;<br>• waraqaa eenyummaa qaama waliigaltee raawwatee fi ragaa baatotaa; |

| | | | |
|---|---|---|---|
| | | | • gurguraan ykn bitaataan waldaa daldalaa yoo ta'e barreeffama hundeeffamaa, danbii ittiin bulmaataa fi akkaatuma barbaachisummaa isaatti qaboo yaa'ii fi<br>• hayyama daldalaa haaromsame walqabatee dhiyaachuutu irraa eegama. |
| **8** | **Galmeessa waligaltee kiraa** | **Daq. 40** | • Waliigaltee kiraa akkaataa seeraatiin qophaa'e,<br>• ragaa abbaa qabeenyummaa ibsu, ragaa gaa'elaa ykn gaa'ila irraa bilisaa ta'u ibsuu;<br>• waraqaa eenyummaa qaama waliigaltee raawwatee fi ragaa baatotaa;<br>• kireessaan ykn kireeffataan waldaa daldalaa yoo ta'e barreeffama hundeeffamaa, danbii ittiin bulmaataa, akkaatuma barbaachisummaa isaatti qaboo yaa'ii fi<br>• hayyamni daldalaa haaromsame walqabatee dhiyaachuu qaba. |
| **9** | **Galmeessaa dhaamoo** | **Daq. 40** | • Barreeffama dhaamoo akkaataa seeraatiin qophaa'e;<br>• ragaa baatoni namootaa lama dhiyaachuu;<br>• dhaamoo kenname irraatti kan ibsame qabeenyi yoo jiraatee ragaa abbaa qabeenyummaa waliin dhihaachuu fi<br>• waraqaa eenyummaa nama dhaamoo raawwatee fi ragaa baatotaa walqabatee dhiyaachuutu irra jiraata. |
| **10** | **Mirkaneessa Waliigalteewwan Adda Addaa** | Daq. 40 | • Waliigaltee akkaataa seeraatiin qophaa'ee;<br>• waliigaltee taasifame irraatti qabeenyi addaa yoo ibsamee jiraate ragaa abbaa qabeenyummaa;<br>• waliigaltee kennaan ykn waliigaltee fudhataan waldaa daldalaa yoo ta'e barreeffama hundeeffamaa, danbii ittiin bulmaataa fi akkaataadhuma barbaachisummaa isaatti qaboo yaa'ii, akkasumas hayyama daldalaa haaromsame fi<br>• waraqaa eenyummaa waliigaltootaa fi ragaa baatootaa dhiyaachuu qabu. |
| **11** | **Galmeessa Waligaltee Fooyya'e Ykn** | Daq. 30 | • Waligaltee akkaataa seeraatiin qophaa'ee;<br>• waligalteen duraa kan Mana Hojii keenyatti galmaa'ee ta'uusaa mirkaneeffachuu; |

| | | | |
|---|---|---|---|
| | **Diigame** | | • waligalticha kan fooyyeessan ykn diigan mirga ykn aangoo qabaachuu isaanii mirkaneeffachuu;<br>• Waligaltee fooyyeessuu ykn diiguun qabeenya hin sochoonee kan ilaallatu yoo ta'e ragaa baatotni lama kan dhihaatan ta'uu;<br>• Waligaltee fooyyeessaan ykn diigan waldaalee daldalaa yoo ta'an barreeffama hundeeffamaa, danbii ittiin bulmaataa, akkaatuma barbaachisummaa isaatti qaboo yaa'ii fi hayyama daldalaa haaromsame;<br>• Waraqaan eenyummaa namoota waligaltee fooyyeessan ykn diiganii fi ragaa baatotaa dhiyaachuutu irra jiraata. |
| **12** | **Galmeessa Waldaalee Daldalaa** | Sa'aa 1:30 | • Moggaasa maqaa waldaa daldalaa kan Biiroo ykn waajjiraalee Daldala irraa kenname;<br>• barreeffama hundeeffamaa akkaataa seeraatiin qophaa'e;<br>• Waraqaa eenyummaa miseensota waldichaa;<br>• barreeffama hundeeffamaa irratti kan ibsame buusiin akaakuu (contribution in kind) yoo jiraate ragaa abbaa qabeenyummaa; tilmaama qabeenyichaa, dhorkaa fi idea irraa bilisa ta'uu mirkaneessu;<br>• akkaataadhumma barbaachisummaa isaatti ragaa gaa'ila/gaa'ila hin qabu walqabatee dhiyaachuu qaba. |
| **13** | **Mirkaneessa Qaboo Yaa'ii Waldaalee Daldalaa** | Daq. 40 | • Qaboo yaa'ii akkaataa seeraatiin qophaa'e;<br>• ajandaan qaboon yaa'ii jijjiirraa maqaa kan ilaallatu yoo ta'e xalayaa jijjiraa maqaa ibsu Biiroo ykn waajjiraalee Daldalaa irraa dhiyaachuu;<br>• Waraqaa eenymmaa miseensoota yaa'ii irratti hirmaatanii;<br>• ajandaan qaboo yaa'ichaa buusii akaakuu taasisuu yoo ta'e ragaa abbaa qabeenyummaa, tilmaama qabeenyichaa, ragaa gaa'ila/gaa'ila hin raawwate nama buusii akaakuu taasisuu, ragaa qabeenyichi idaa fi dhorkaa irraa bilisa ta'uu agarsisisu dhiyaachuu,<br>• hayyamni daldalaa waldichaa haaromsame walqabatee dhiyaachuu qaba.<br>• Qaboon yaa'ii waldaalee daldalaa kan galmaa'uu qabaatu bakkuma |

| | | | |
|---|---|---|---|
| | | | galmeen waldichaa jirutti ta'a. |
| 14 | **Kennaa Hayyamaa Abukaatoo** | Sa'aa 1:00 | • Ragaan barnootaa Seeraa fi muuxannoon hojii Muummee (orijinaalaa) kooppii waliin dhiyaachuu;<br>• muxannoo hojii dhaabbilee mootummaatiin ala irraa kan dhiyaate yoo ta'e mindaa kaffalamaa ture irraa gibirri hojii citaa kan ture ta'uu isaa ragaa ibsu;<br>• Ragaa hojii gadi lakkisuu ibsu,<br>• naamusa ilaalchisee ragaan qulqullummaa wal-qabatanii dhiyaachuutu irra jiraata. |
| 15 | **Kennaa Hayyama Abukaatummaa Dhaabbata Tajaajila Ogummaa Abukaatummaa** | Sa'aa 1:30 | • Abukaatonni dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa hundeessuu barbaadan dursee dhuunfaadhaan hayyama Tajaajila ogummaa Abukaatummaa qabaachuu, sadarkaan hayyama isaani kan wal gitu ta'uu;<br>• ragaa dhaabbatni tajaajila ogummaa abukaatummaa galmaa'uu isaa agarsiisu,<br>• naamusa ilaalchisee miseensonni hundi balleessaa naamusaa cimaan himatamanii waggoottan lamaan darban keessatti Gumiin kan hin adabamin ta'uu,<br>• bara baajata sana keessatti miseensonni hundi hayyama dhuunfaa isaanii kan haaromsatan ta'uu ragaaleen agarsiisan walqabatanii dhiyaachuutu irra jiraata. |
| 16 | **Haaromsa Hayyama Abukaatoo Fi Dhaabbata Tajaajila Ogummaa Abukaatummaa** | Daq.15 | • Nagahee gibirri bara sanaa itti kaffalamee;<br>• dabtara hayyama abukaatummaa,<br>• namoota harka qalleeyyii ta'aniif waggaatti sa'aatti 50 fi sana ol tajaajila bilisaa kennuu isaa ragaa agarsiisu;<br>• leenjii Biirichaan bara sana keessa kenname fudhachuu isaa ragaa agarsiisu;<br>• akkaatuma barbaachisummaa isaatti naamusa ilaalchisee Waldaa Abukaatotaa irraa ragaa barreeffamu waliin wal-qabatee dhiyaachuu qaba. |
| 17 | **Kennaa** | Sa'aa 1:30 | • Xalayaan deeggarsaamana hojii mootummaa ilaallatu irraa kenname |

| | | | |
|---|---|---|---|
| | **Hayyama Dhaabbilee Hawaasa Siviilii** | | dhiyaachuu,<br>• danbii ittiin bulmaataa akkaataa seeraatiin qophaa’ee,<br>• qaboo yaa’ii hundeessitootaa,<br>• piropoozaala hojichaa /Project proposal),<br>• qabeenya ilaalchisee waanti caqasame yoo jiraate ragaa abbaa qabeenyummaa,<br>• waraqaan eenyummaa miseensoota hundeesasitoota hundaa walqabatee dhiyaachuutu irra jiraata. |
| **18** | **Haaromsa Hayyama Dhaabbilee Hawaasa Siviilii** | **Daq. 40** | • Gabaasni raawwii hojii barasanaa,<br>• xalayaa deeggarsaa mana hojii mootumma ilaallatu irraa kenname,<br>• gabaasa bu’aa oodiitii fi karoora hojii bara itti aanuu walqabatee dhiyaachuu qaba. |
| **19** | **Mirkaneessa Qaboo Yaa’ii Dhaabbilee Hawaasa Siviilii** | **Daq. 40** | • Qaboo yaa’ii akkaataa seeraatiin qophaa’e,<br>• hayyamni waldichaa bara hojii sana keessaa kan haaromsame ta’u,<br>• ajandaan marii qaboon yaa’ichaa waldichaa diiguu kan ilaallatu yoo ta’e waraqaa qulqulinaa/kiliraansii Biiroo ykn Waajjiralee Maallaqaa fi, akkaataadhuma barbaachisummaa isaatti Biiroo Galiiwwanii irraa dhiyaachuu fi<br>• waraqaa eenyummaa miseensoota qaboo yaa’ii irratti mallatteessanii waliin dhiyaachuu qaba.<br>• Qaboon yaa’ii dhaabbilee hawaasa siviilii kan galmaa’u bakkuma galmeen haadhoo dhaabbatichaa argamutti qofa ta’a. |